waan ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ittiin na erganiin si erguu? siidaa kamuu isa dhabamsiiftu malee akka isa hin dhiifne, qabrii ol ka'ee mul'atu kamuu wol qixxeessitu malee akka hin dhiifne

Abuu Al-Hayyaaj Al-Asadii irraa akka odeeffametti ni jedhe: Aliyyii ibnu Abii Xaalib akkas naan jedhe: waan ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ittiin na erganiin si erguu? siidaa kamuu isa dhabamsiiftu malee akka isa hin dhiifne, qabrii ol ka'ee mul'atu kamuu wol qixxeessitu malee akka hin dhiifne.
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sahaabota isaanii siidaa kamuu -inni suuraa waan lubbuu qabuu kan bifa qaamaatiin bocame yookaan kan hin bocamneedha- isa dhabamsiisanu malee yookaan isa haqanu malee akka hin dhiifneetti ergaa turani. akkasuma qabrii ol ka'aa kamuu dachiin wol qixxeessanii, ijaarsa isa irra jiru diigan malee akka hin dhiifne, yookaan immoo diriiraa dachii irraa hedduu ol hin fuudhamne taasisan malee akka hin dhiifne , hanga taakkuu tokkoo ol fuudhama.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/5934